CINIINSUUN AKKA DHUFU GOCHUU

the women's
the royal women's hospital
victoria australia

Yeroo took tokko mala nam-tolchee fayyadamuudhaan akka ciniinsuun dhufuuf dubartii gargaaruun barbaachisaadha. Kun ciniinsuun akka dhufu gochuudha.

Akka ciniinsuun dhufu gochuun maal jechuudha?

Ulfawwan hedduu keessatti, ciniinsuun torbeewwan 37 hanga 42 gidduu keessatti dhufuun akka daa'imni dhalattu taasisa. Ciniinsuun 'akka dhufu taasifame' kan jedhamu yeroo doktoroonniifi ogeeyyiin deessisan mala nam-tolcheetiin ciniinsuun akka jalqabuuf jajjabeessanidha.

Ciniinsuun akka dhufu gochuun maaliif gorfama?

Akka ciniinsuun jalqabuu taasisuuf sababoonni baayyee beekamoon:

- yeroon ulfaa torbeewwan 42 ol dheerateera yoo ta'e
- bishaan gubbee dhangala'ee garuu gadameessa akka uumamaatti banamaa kan hin jiraanne ta'e
- mucaan nagaa yoo hin taane ykn sirriitti guddachaa yoo hin jiraanne
- haati yoo dhibee fayyaa addaa qabaatte.

Yaaddoon ni jiraatuu?

Ciniinsuun akka dhufu taasisuu waliin rakkoon walqabatn jiru. Dubartoonni tokko tokko ciniinsuu akka isaan jalqabsiisan waan hin barbaanneef hanga ciniinsuun uumamaa jalqabutti 'eeganii ilaaluu' filatu.

Yeroo cniinsuu jalqabsiisuun gorfamutti ulfakee waliin turuu waliinis yaaddoon walqabatan ni jiru.

Osoo murtee hin taasisiin dura, doktorrikee ykn deessistuunkee rakkoo ciniinsuun akka dhufu gochuu ykn gochuu dhiisuu siif ibsu.

Ciniinsuun akkamiin akka dhufu taasifamaa?

Karaan ittiin akka ciniinsuun dhufu itti taasisan afuritu jiru:

- hormoonii fayyadamuu
- ujummoo galchuun
- bishaan gubbee mala nam-tolcheen dhangalaasuu
- okisitoosiinii akka gadameessi banamu godhu

Dubartoonni baayyeen osoo mucaa isaanii hin da'iin dura malawwan kunneen walitti makaa isaa barbaadu.

Guyyaa akka ciniinsuun dhufu taasifamutti maaltu ta'aa?

Mala ittiin akka ciniinsuun dhufu taasifamu jijjiiruudhaaf murteen taasifamuu malakun ammo guyyaa ciniinsuunkee akka dhufu taasifamudha. Erga qaamni saalaa qoratamee booda, jijjiiramni fiixee gadameessaakeerra jiraachuu jechuun mala ulfa akka dhufu taasisuun biran caalaa sirriidha jechuudha. Doktarrikee ykn deessistuunkee si waliin ni mariyatu.

Yeroo hangamii fudhataa?

Akka ciniinsuun dhufu taasisuun takkaa jalqabamnaan, walitti fufinsaan hordofamta. Bakkeerra asiifi achi deddeemuu ni dandeessa garuu hospitaala keessaa bahuun sirra hin jiru. Sadarkaa inni irra jiru ilaaluudhaaf ulaan gadameessakeetii yeroo yerootti ilaalama. Ciniinsuun akka dhufa taasisuun adeemsa saffisaa miti. Takkaa jalqabnaan, hanga mucaakee deessutti saatii 24f turuu danda'a. Yoo ulaan gadameessaakee dursee baruu barbaachise, guyyaa lamaafi isaa ol fudhachuu ni danda'a.

Erga takkaa akka ciniinsuun dhufa taasisuun jalqabamee yaadakee jijjiirachuu dandeessaa?

Al takkaa akka ciniinsuun dhufu taasisuun jalqabamanaan, hanga mucaakee deessuutti itti fufuutu sirraa eegama. Adeemsa ciniinsuun akka dhufu taasifame akka hin dhaabsifne ni gorsina.

Ciniinsuun kan uumamaa caalaa kan dhukkubsu ta'aa?

Ciniinsuun kamiyyu addaa addadha. Dubartoota tokko tokkoof malli akka ciniinsuun dhufu taasisuu isa yeroo ofiisaatti dhufu caalaa kan dhukkubu ta'a, haata'u malee kun dubartoota hundaaf dhugaa miti. Yoo kan barbaachisu ta'e qorichoonni ittiin adoochan ni jiru.

Kun ni hojjetaa?

Yeroo tokko tokko malli ciniinsuun akka dhufu taasisuu hin hojjetu waan ta'eef ciniinsuu jalqabuu dhiisuu malta. Yoo kun ta'eefi filannoowwan naga qabeessa jedhaman hunduu yaalaman, baqaqfachuun dahuu si barbaachisa.

Malawwan akkka ciniinsuun dhufu taasisan

Mala akka ciniinsuun dhufu taasisuu ati barbaaddu hangam ulaan gadameessakeetii (kokkee ulaa gadameessaa) ciniinsuun akka jalqabuuf qophaa'ee ta'erratti hundaa'a. Doktorrikee ykn deessistuunkee hangam akka gadameessikee baname iaaluudhaaf qaama saalaakee qorachuuf jirti waan ta'eef mala isa kamtu akka siif sirrii ta'u mariyadhaa.

Ulaan gadameessakee ciniinsuuf kan hin qophoone yoo ta'e, mala osoo sitti hin beekamiin qophaa'u priming barbaaduu dandeessa. Malli Priming jedhamu kun ammo akka gadameessikee ciniinsuuf qophaa'u gochuuf kan gargaaru ta'ee mala ujummoo galchuun ykn mala hormooniin gargaaramuun taasifama.

Malawwan kunneen akka gadameessikee ciniinsuuf qophaa'uuf gargaaruudhaaf garuu yeroo hedduu akka ciniinsuun jalqabu hin taasisan.

Priming kun saatii 6 hanga 48 fudhachuu ni danda'a. Takkaa gadameessikee banamnaan, kan si barbaachisuu malu:

- bishaan gubbeekee dhangalauufi
- oxytocin, qoricha wallaansa akka gadameessi banamuun dhiibuuf gargaaru.

Osoo gara ciniinsuutti seenuun mucaakee hin da'iiniin dura isaan kana lamaanuu barbaaduu ni dandeessa.

Prostaglandin (hormoonii ciniinsuun akka dhufu taasisu)

Prostaglandin waan akka lanqessaa'aa ykn kiniinii gadameessikee akka lallaafuufi ciniinsuu sadarkaa itti aanuuf akka qophaa'u gargaaruuf qaama saalaakee keessa galudha.

Yerooprostaglandin galee jirutti, yoo xiqqaate daqiiqaa 30f hirkattee ciisuufi yeroo baayyee hanga ciniinsuun calqabutti hospitaala turuu qabda.

Wantoota ati hubachuu qabdu

- Prostaglandin yeroo tokko tokko akka qaamni saalaa dhukkubu taasisa.
- Dubartoonni lakkoofsaan muraasa ta'an ammo mallattoowwan akka garaa hammeessaa, ol deebisaafi garaa kaasaatu isaan mudata.
- Yeroo hedduu ammo , prostaglandin gadameessa gara malee akka banamee dhiibu taasisa. Yoo kun uumame, wallaansa akka gadameessikee diriiru taasisutu siif kennama.
- Dubartoonni hedduun ciniinsuu keessa seenuuf gargaarsa dabalataa isaan barbaachisa.

Ujummoo galfamu

Ujummoon qalloon catheter jedhamu, kan qarqara isaarratti bokkokseen itti jiru gadameessakee keessa galuun bokokseen sun ammo bishaaniin afuufamee guutama. Kun mala ujummoo galchuun bokkoksee afuufuu jedhama, kan gargaarus gadameessikee akka dhiibu taasisuufidha. Akka inni banu gochuuf gargaara, sadarkaa ciniinsuu itti aanuuf qopheessa.

Ujummoon (catheter) bakka gala sana keessa saatii 12f akkka ture erga taasifameen booda, erga bishaan bokkoksee keessaa ba'een booda ujummoon keessaa baafama. Yeroo inni si keessa jirus asiifi achi deemuuu ni dandeessa.

Erga ujummoon sun ba'ee booda, sadarkaawwan itti aanan murteessuudhaaf qorannoo qaama saalaa biroo qabaatta.

Wantoota ati hubachuu qabdu

- Dubartoonni hedduun ciniinsuutti seenuudhaaf gargaarsa dabalataa barbaadu.

Mala Nam-tolcheen Bishaan Gubbee Dhangalaasuu (Artificial Rupture of Membranes (ARM))

Adeemsi kun yeroo baayyee bishaan gubbee dhangalaasuu jedhamuun beekama.

Takkaa gadameessi sirriitti banamee jennaan, doktorrikee ykn deessistuunkee meeshaa xiqqoo mataa irratti hokkoo qabdu fayyadamuun bishaan gubbee dhangalaasu. Kun kan miidhu hin qabu garuu qorannoon mijataa ta'uu dhiisuu mala. Yeroo ciniinsuukeerra jirtutti bishaan gubbee kun suuta suutaan itti fufee baha.

Wantoota ati hubachuu qabdu

- Bishaan gubbeekee akka dhangala'u salphaa ta'ullee, carraa akka bokokseen dhifamuu, dhiiguufi kulkuluu dabaluu ni danda'a. Doktorrikee ykn deessistuunkee kan maqsuudhaaf ni hojjetu garuu rakkoo atattamaa biraa uumamuu danda'u duukaa bu'uufis leenji'aniiru.
- Bishaan gubbee dhangalaasuudhaan ciniinsuu jalqabsiisuun waan darbee darbee ta'udha. Erga bishaan gubbeekee dhangala'ee dafanii oxytocin fayyadamuun jalqabuun baayyee gaariidha.

Oxytocin

Mala kanaan wallaanuun hormoonii uumamuun akka ciniinsuun dhufu taasisu waliin tokkodha. Lilmeen/marfeen hidda dhiigaa veenii keessa galuun coba oxytocin qabu itti maxxansu.

Wanti biifu ammo hanga oxytocin wallaansaaf siif kennamuu to'ata. Hanga ati ciniinsuu keessa taatuutti deessistuunkee garaa garummaa walakkaa saaii keessatti coba isaa banti. Yeroon kun turu dubartiirraa dubartiitti addaa addadha garuu saatii baayyee fudhachuu ni danda'a.

Deessistuun yeroo baayyee yeroo coccobaa jirutti si waliin turti. Maashina CTG fayyadamuudhaan yeroo ciniinsuukee keessatti dha'annaan onnee daa'imaa ni hordofama.

Wantoota ati hubachuu qabdu

- Dandeettiin asiifi achi deemuukeetii cobaafi maashina CTG sanaan ni murtaa'a.
- Yeroo ta'u mara, oxytocin gadameessi akka gara malee walitti kottoonfatu taasisuu ni danda'a. Kun yoo uumame, akka gama bitaakeerra ciistu gaafatamtee cobni sun ni sirreeffama ykn ni dhaabsifama. Kottoonfannaa hir'isuudhaaf qorichi biraan kennamuu mala. Kun yoo tarii dha'annaa onnee daa'imakeetii ilaalchisee yaaddoon kan jiru ta'e raawwatama. Dhimmoota akkasii kana duukaa bu'uudhaaf doktoroonniifi deessistoonni keenya leenji'aniiru.
- Ciniinsuunkee akka dhufu kan taasifame oxytocin tiin yoo ta'e, bishaan da'umsaa qabaachuu hin dandeeessu.

BAKKA KAN DUBARTOOTAATTI YOO AKKA CINIINSUUNKEE DHUFU TAASIFMAA JIRA TA'E

Guyyaa akka ciniinsuunkee dhufu taasifame

Yeroo mirkanaa'etti qaqqabi.

- Yoo barfatteetta ta'e, akka ciniinsuunkee dhufu taasisuun yeroo biraatti darbuu danda'a.
- Dursitee qaqqabuu jechuun dursitee ilaalamta jechuu miti.

Erga hospitaala geeffamteen booda, doktorrikee ykn deessistuunkee:

- ulaa gadameessakeetii madaaluudhaaf qaama saalaakeetii ni qoratama
- teessumni daa'imaa ni ilaalama
- hordoftuu fayyadamuun onnee daa'imaa hordofuu.

Qorannoon qaama saalaakeetii doktorrikee ykn deessistuunkee hangam ulaan gadameessakee ciniinsuu jalqabuudhaaf qophaa'aa akka ta'e murteessuudhaaf isaan gargaara. Isaan booda isaan mala ciniinsuun akka dhufu taasisuu kamtuu isa sirrii ta'e ni mariyatu.

Akka ciniinsuunkee dhufu gochuunyeroo hedduu akka wallaansaaf galteen saatii tokko keessatti jalqaba, haata'u malee yoo hospitaaichi gara malee kan ko'oommatu ta'e akka tursiifamu ykn boodarra ta'u taasifamuu ni mala.

Tursiisuun akka si mufachiisuu danda'u hubataa, siifi daa'imakeetiif kunuunsa barbaachisu dandeenyu mara taasisaa namni sirriitti si hordofu kan hin jiraanne yoo ta'e akka ciniinsuunkee dhufu taasisuu hin dandeenyu, hin goonus. Akka odeeffannoo argattu gochaa hanga danda'ametti yeroon boodatti haftu akka gababbatu taasifna.

Saatiifi guyyaa itti akka ciniinsuunkee dhufu taasifamu

(Time and date of your induction)

Guyyaa: .....
(Date)

Yeroo itti qaqqabdu:.....
(Time to arrive)

Essa akka deemtu: .....
(Where to go)

Mala akka ciniinsuun dhufu taasisuuf dhiyaate:
(Proposed induction method)

.....

Guyyaafi saatiikee akka mirkaneessituuf si waamna. Yeroo tokko tokko isaan kana akka irra deebitee saganteeffattu barbaaduu dandeenya.

Nu qunnami

Waa'ee akka ciniinsuunkee dhufu deessistuutti dubbachuudhaa

- Parkville: (03) 8345 2170
  Wixataa – Jimaata (8.30am – 4.30pm)
- Sandringham: (03) 9076 1245
  Wixata – Sanbata (saatii 24)

MIRKANEEFFANNOO Baxxeen/unki kun odeeffannoo waliigalaa qofaadha. Waa'ee daa'imakeetii ykn fedhiiwwan kunuunsa fayyaakeetii gorsa addaatiif, ogeessa fayyaakeetiirraa argachuu qabda. Hospitaalli Dubartootaa Royal ogeessa fayyaa bira deemuurra raga baxxee/unka kanarra jiru irratti hundaa'uudhaan rakkoo qaqqabu ykn miidhaa uumamuu maluuf itti gaafatamummaa tokkollee hin fudhatu Yoo ati ykn daa'imnikee wallaansa fayyaa atattamaa kan barbaadu ta'e, kutaa wallaansa balaa tasaa sitti dhiyoo jiruu qunnami © The Royal Women's Hospital 2018